



**Maqaa Kaadhimamaa:** Aleksiis Meersiides Riink

**Maqaa Duulaa:** Alexis Siyaatiliif

**Marsariitii duulaa:** alexisforseattle. com

**Iddoo Magaalaa:** 8

**Lakkoofsa Bilbila Duulaa:** 206-705-9305

Muuxannoo tajaajila namaa fi imaammata fayyaa hawaasaa deeggaruun, karoora deebii mana dhabuu hatattamaa qajeelchuu, fi imaammata faayinaansii fi baajata Yunivarsiitiit Waashingitan keessatti bocuu qabaachuun, mana jireenyaa gatii madaalawaa qabaachuun qabnu, hawaasa nageenya qabu nuti babal'isuuf ogummaa barbaachisu Mana Maree Magaalaatti nan fida hundi isaaniif malu, tarkaanfii namoota rakkoo keessa jiran gargaaruu, fi invastimantii hawaasaa walqixxummaa fi carraa fooyyessuu.

Tajaajilaaf kutannoon koo muuxannoo dhuunfaa har'a Siyaatil keessatti namoota baay'ee qooddatan irraa madda. Warra umrii kurnanii keessa jiran rakkatan irraa kanan dhaladhe si'a ta'u, akaakayyuu fi akayoo kootiin guddadhe. Maatiin koo marsaa gaddisiisa hidhamuu, qoricha sammuu hadoochu fayyadamuu fi mana dhabuu wajjin wal'aansoo qabu turan. Hawaasa koo keessatti deeggarsa karaa milkaa'ina naaf kenne argachuu kootiif galata guddaa qaba- dargaggooni Siyaatil hundi carraa walfakkaataa sana akka qabaatan mirkaneessuu barbaada.

Ilaalcha odeeffannoo qabuu fi quuqama bu'aa argachuuf qabu Mana Maree Magaalaatti fidee ummata Siyaatil hundaaf sagalee ta'uuf qophiidha. Qormaatni ariifachiisaa yaada haaraa, humnaa fi hoggansa haaraa barbaadu nu mudata. Vaawucharii fi sagalee keessaniin gal mee abukaatummaa fi tarkaanfii koo Siyaatil gatii madaalawaa, simanna, fi egeree fooyya'aa ta'eef karaa geggeessu irratti nan ijaara.

*Kaadhimamaa kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii irratti hirmaachaa jira.*



**Maqaa Kaadhimamaa:** [Taariq Yuusuf](#)

**Maqaa Duulaa:** [Tariq Mana Mareetiif](#)

**Marsariitii duulaa:** [tariqforcouncil.org](http://tariqforcouncil.org)

**Iddoo Magaalaa:** [8](#)

**Lakkoofsa Bilbila Duulaa:** [206-395-9356](#)

Seenaan koo seenaa Siyaatiliiti. Abbaa lammii Indooneezhiyaa fi haadha Ameerikaa irraa dhalate; Jijiiramaa fi guddina naannichaa waggoota kurnan lamaan darban argee jira. Warri koo sagantaalee hawaasummaa murteessoo ta'an kanneen akka Abbaa Taayitaa Mana Jireenyaa Siyaatil irratti baay'ee hirkatu turan. Mana dhabuu irraa of quachuu fi jirenya milkaa'aa akka ijaarru nu gargaaran. Barnoota koo Yunivarsiitii Waashingtonitii xumuruu, indaastirii teeknooloojii keessatti hojii milkaa'aa geggeessuu fi maatii mataa kootii jalqabuu danda'ee jira. Warri koo qabsoo godhaniis, gatiwwan namaaf yaadu, gara laafinaafi haqa qabaachuudhaan na guddisan; gatiwwan mana maree magaalattiitti fiduuf abdiin qaba.

Abjuun koo Ameerikaa ni danda'ama ture; garuu imalli sun maatii har'aaf baay'ee rakkisaa ta'aa jira. Tajaajilli hawaasummaa seenaa koo akka galma ga'u taasise kana booda dhaqqabamaa miti. San jijiiruu barbaada.

Mootummaan magaalaa jirenya keenya keessatti gahee olaanaa qaba; akka miseensa mana maree magaalattii tokkootti namoota akka warra koo, kanneen mana dhabuu irraa mindaa tokko fagaachuu isaanii mudataniif leellisuuf karoorfadhee jira. Walqixxummaa, haqaa fi gara laafinaaf boqonnaa malee leellisuudhaan, hawaasa keessatti namoota baay'ee saaxilamoo ta'an gargaaruudhaan, akkasumas namni hundi hawaasa waliinii akka ijaaru gargaaruuf waadaa galuudhaan magaalaa kana deebisee fudhachuuf karoorfadhee jira.

*Kaadhimamaa kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasiir irratti hirmaachaa jira.*